



HAQOOTA ARIIFACHIISOO: TALAALLIWWAN COVID-19 FI ULFA

Odeeffannoo dogongoraa waa'ee talaalliwwan COVID-19 fi Ulfa hedduutu jiru.

Mee haqoota beekamoo ta'an tokko tokko haa ilaallu!

Talaalliwwan COVID-19 ulfa dura, yeroo ulfaa, fi boodas naga-qabeessodha.

Talaalliin yeroo ulfaa dhukkuba COVID-19 hamaa irraa eegumsa taasisuuf American College of Obstetricians and Gynecologists (ACOG, Kolleejjii Ogeessota Daa'immanii fi Dubartootaa Ameerikaa) fi Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wiirtuwwan Too'annoo fi Ittisa Dhukkubaatin) ni gorfama.

Namoonni ulfa ta'an yoo COVID-19 dhan qabaman, carraan dhukkuba hamaa fi rakkoolee walxaxoo qabaachuu isaanii olaanaa dha.

Yeroo ulfaa yookan boodaa COVID-19 dhan garmalee dhukkubsachuun, carraa hospitaala ciisuu veentileetara barbaadu, rakkoolee walxaxoo yeroo ulfaa, yeroo malee da'uu, yookan du'aa da'uu haalaan dabaluu mala.

Talaalliwwan COVID-19 mudoowwan dhalootaa, ulfa baasuu, yeroo malee dhalachuu, du'ee dhalachuu, yookan rakkoolee biroo akka fidu ragaan agarsiisu hin jiru.

Haa ta'u malee, dhukkubni COVID-19 rakkoolee kanneen akka fidu beekamee jira.

Yoo harma hoosisaa jiraattan, talaalii fudhachuun naga-qabeessadha.

Aannan harmaa hanga umuriin isaa ji'a 6'tti talaalii fudhachuuf ulaagaa guututti, dhukkuba COVID-19 irraa eegudhaaf gargaaruf farra qaamota alaa daa'ima keessaniif dabarsuu mala.

Qabeenyota:

Talaalliwwan COVID-19 Yeroo Ulfaa yookan Harma Hoosisan (cdc.gov) | <https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/vaccines/recommendations/pregnancy.html> Ingiliffa, Ispaaniish, Afaan Kooriyaa, Veetinaamiffaa, fi Chaayiniffa qofa)

Namoota Ulfaa fi Yeroo Dhihoo Ulfa Turan | CDC | <https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/need-extra-precautions/pregnant-people.html> (Ingiliffa qofa)

Talaalliwwan COVID-19 fi Ulfa: Waan Beekuu Qabdan | Johns Hopkins Medicine | <https://www.hopkinsmedicine.org/health/conditions-and-diseases/coronavirus/the-covid19-vaccine-and-pregnancy-what-you-need-to-know> (Ingiliffa qofa)